“Booda ummata kootii keessatti namoonni waan isinii fi abbootiin keessan hin dhagahin isinitti himan ni argamu, warra akkasii san irraa fagaadhaa”

Abuu Hureyraa irraa odeeffamee, Ergamaan Rabbiin -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- akkas jedhan: “Booda ummata kootii keessatti namoonni waan isinii fi abbootiin keessan hin dhagahin isinitti himan ni argamu, warra akkasii san irraa fagaadhaa”.

[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- namoonni soba khalaqanii waan isaanin duratti namni tokkolleen hin jedhin jedhuu fi Hadiisawwan sobaa fi bakka hin qabne namaaf himan booda ummata isaanii keesstti akka argaman himanii, nuti isaan irraa akka faggannu nu ajajan, akkasumas isaanin waliin taa'uu fi haasaa isaanii dhagahuu dhabutti nu ajajaniiru, sababni isaas haasaan bakka hin qabne sun sammuu keessatti ragga'ee, ofirraa baasuu akka hin dadhabneef jecha.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/65076